Vaayrasii Conooraa Fuula Dhugaa #2

Odeeffanno Maamiltootaf

Fooyya'ee kan Maxxanfame: Bitootessa 17 M2020
Mirkaneessaan Jo Toohey CEO

Fuula Dhugaan Kuni maamiltoota The Benevolent Society dhaaf – raabsaa dabalataaf miti

Kaayyoon Fuula dhugaa kuni deebii The Benevolent Society's waa'ee dhibbaa vaayrasii Koroonaa (COVID-19) irratti maamiltootaaf gorsa kennu dhaafi.

Vaayrasii Koroonaa fi COVID-19 maal inni?

Vaayrasii Koroonaa namootaa fi bineeladoota ni dhukkubsachisa. Vaayrasii Koroonaa tokko tokkon dhukkuba dhibee qorraa wajjin kan wal fakkaatuuf sababa dhibee ta'u danda'u akkasumas kan biroon immo dhukubaa Hargansaa Dagaagee Rakkisuu (Severe Acute Respiratory Syndrome (SARS)) fi Kaaba Gidduu Mallattoo dhukubaa Hargansaa (Middle East Respiratory Syndrome (MERS) dabalatee dhukuba jabaa kan irra caalaaf sababa ta'u danda'u.

Vaayrasiin Koroonaa haaraan kuni kan madde ganda Hubeii, Chaayinaa keessa dha akksumas babal'ini dhukubichii COVID-19 jedhamee moggaafameera.

Vaayrasiin Koroonaa akkammitti babal'ata?

Vaayrasiin Koroonaa nama irraa namatti tarii harka irraa caaluu kan babal'atu:

- Namoota dhukkuba kanaan faalamani jiranin waliin qamaan bay'ee walitti siquudhaan (mallattoo dhukubaa hin mulissin dura dabalatee)
- Nama dhukubaa kanan qabamaa ta'uun isaa mirkanaa'ee kan qufa'uu fi haxxiffatu wajjin qunnamuu; ykn
- Qufaa ykn haxxissoo kan nama faallamuu isaa mirkanaa'ettin kan faallaman wantoota ykn bakkoota (kan akka harkee balbalaa ykn gabaatee) tuquu dhaan isaa boodas afaan ykn fuula keessan tuquu dhaan.

Faallamtoonii irra caalan kan babal'atan namootni yeroo mallattoo dhukubaa qabaatani dha. Mallattoon dhukuba kanaa kanneen akka leydaaa, qufaa, dhukkubbi laaga, dadhabina fi hir'ina hargansuu hammachuu danda'a. Namnii tokkoo mallattoo dhukubaa hin mulisiin dura faallamtoonni

tamsaa'uu danda'u, kanaafuu waligalaan too'anna faallamaatii fi qulqullinni gaarin barbaachisaa dha.

Akka biyyooleessaa, babal'inisa daabuuf dalagaawwan maaltu hojjatame jira?

Guraandhala 27 tti, Ministeera Guddichi, Vaayrasii Koroonaa dhaaf Karoora Deebii Arifachiisaa Damee Fayyaa Awustraaliyaa (Australian Health Sector Emergency Response Plan for Novel Coronavirus (COVID-19)) dhibba daangessoota imaala fiduu dhaan vaayrasiin gara Awustraaliyaa (Australia) alaa galchuu irrratti dalagaawwan dabalata kan wal barsiisee kan kakaasaniiru akkasumas dhibee addunyawaaf qophaa'ina biyyooleessaa mirkaneeseera. Gorsa gabaasa kana irratti kenname odeeffanno FayyaaBarama (Commonwealth) fi Angawoota fayyaa motummaa irratti hundaa'uu dhaani.

Waa'ee Gorsa hojii irra caalaa qulqullaahee toora intarneetii Dhaabata Fayyaa Addunyaa (World Health Organisation) irraa argachuu dandeessu.

Yoo isin qoratamtan ykn akka COVID-19 isin qabaate shakkame, hojjetaa miseensa The Benevolent Society dhaaf ariitiin beksisaa. Tajaajiloota isiif kennuuf, karaa qajeelaa irra caalaa barabachuudhaaf issin wajjin hojjenna. Yoo isin ykn miseensota maatii tokko qoratamtan ykn waldhaanamtan, maaloo tajaajlootni akka turuu danda'un yaadannoo qabadhaa.

Yoo isin, ykn miseensa maatii keessan kamiyyuu, akka vaayrasii COVID-19 faalamuu isaa mirkanaa'ee nama wajjin qunnamu isa adda ba'ee bekkame, Kutaa fayyaa naannoo hawwaasaa gorsaan isin qunama. Nama faallame wajjin erga qunamtan boodaa fi fayyaa keessan akka to'atanii fi mallattoo dhukubaa kamuu beksisuudhaaf, isin ykn miseensa/ota maatii kessan, guyyaa 14 iif ofiikeessan manatti akka addaan baafatan driqamtu.

Vaayrasii Koroonaa nama irra namatii kan babal'atu namoota wal itti siquun qunnaman giddu dha. Qunamtii wal itti siqaan nama faallame wajjin yoo xiqqaate daqiiqaa 15 iff fuullee dhaan turuun ykn iddo cufaa ta'etti yoo xiqqaate sa'aatii 2 turu dha.

Kutaa fayyaa hawwaasaa dhukubsatoota faallama COVID-19 wajjin wal ittisiquu dhaan namoota qunamaan waliin haasa'uu. Yoo mallattoo dhukubaa kamuu argame, mallattoowwan kana beksisuuf Kutaa fayyaa hawwaasaaf qunamtoonni bilbiluu qabu.

Yoo imala biyyaa alaa irrra deebi'ee ofiikoo addan baasuu qabaa?

The Benevolent Society iin gorsa kan Damee Fayyaa Austraaliyaa (Australian Department of Health) fi Angawoota Fayyaa Mootummaa ni hordofa. Adeemsa gorsa kanaan, namoota iddoowwan balaa ol'aana keessa kan imalan ykn vaayrasiicha wajjin quanamuu danda'an waltii qabsiisuudhaan too'anaa kakka'umsaa seera tumaa jira.

Yoo guyyaa 14 dabran keessaa biyya alaatti imaaltanii gara Austraaliyaatti (Australia) deebitan, guyyoota 14 mana keessatti of addaan baasuu ykn kophaa bahuu qabdu jechuun:

- Iddowwan hawaasaa akka hojii, mana barnootaa, Wiirtuulee daldalaa, Kunuunsa Daa'imaa ykn yunivarsiitii hin deemine
- Nyaataa fi waan barbaachisaa biroo akka siif fidan nama tokko gafadhaa balbalaa durrattis siif haa kaa'anii
- Daawatoota gara mana keessa hin galchiinaa – namoota mana keessan jiraatan qofatu galuu qabu
- Akka miseensoota biro kan maatii hin faallamsiisne mana keessaa isa kutaa tokko keessa akka teessan mirkkaneessaa. Odeeffanno dabalataaf health.gov.au irra.

Galmeessa waltaa kan maamiltoota akka mana keessatti of adda baasan dirqama ta'e The Benevolent Society Bulchiinsa Balaa Garee (The Benevolent Society Crisis Management Team) fi hojjetoota ijoo kan biroo dhaaf akka argamn ta'e waajjira biyyoleessaa kan Benevolent Society's itti akka turan ni qodhama. Galmeessan odeeffanno ittaanu ni dabalta:

- Maqaa Maamilaa
- Tajaajiloota Kennaman
- Bilbila Muummee Benevolent Society's itti
- Guyyaa jalaqabii fi adda ba'uu dhaaf sababa
- Tilmaamaa kan Guyyaa Hojiitti deebii'u.

Sanaan alatti of adda baasuuf dirqama kan qabu eenyuu?

Maamiltootni kan guyyoota 14 dabree keessa **dhimma mirkanaa'ee** vaayrasii konooraa wajjin ittisiquu dhaan qunnamaa turaan (dhimma mirkanaa'ee wajjin guyyicha qunnamtii kan dhumaa irra kaasee guyyoota 14 dhaaf of adda baasuu qabu).

Yoo fuula dhugaa kana wal qabaatee yaada ykn gaafii kamiyyuu qabaatan, maaloo bilbila Benevolent Society's itti qunnamaa keessan wajjin haasa'aa.

Bilbila 1800 236 762 ykn Imeelii: customercare@benevolent.org.au

benevolent SOCIETY

benevolent.org.au